

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH** **Fuula 18 keessa**

### **KAAYOO:**

Kaayyoon imaammata kanaa adeemsota iyyannoo dabalatee ulaagaalee Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa Kettering Health's (KH) ibsuudha.

### **HIIKKAAWWAN:**

**Maallaqa Kaffalame Waliigalaa (AGB, Amount Generally Billed):** Akkuma koodii Tajaajila Galii Keessaa (IRS, Internal Revenue Service) 26 CFR 1.501 (r) 1 (b)(1) keessatti ibsameen, maallaqa kaffalame waliigalaa kan kunuunsa hatattamaa ykn yaalaaf barbaachisaa biroo namoota dhuunfaa inshuraansiif kaffalamu.

**Haala Wal'aansa Hatattamaa:** Kana jechuun, akkuma koodii IRS 42 CFR 489.24(b) keessatti ibsametti,,

1. Haala wal'aansa mallattoolee dhukkubaa ciccimoo cimina gahaa ta'een of mul'isu (dhukkubbii cimaa, jeequmsa sammuu fi/ykn mallattoolee dhukkubaa qoricha sammuu hadoochu fayyadamuu dabalatee) kan kunuunsa fayyaa hatattamaa argachuun dhabuun sababa kanarrraa kan ka'e – fiduu danda'a jedhamee yaadamu
  - a. Kan fayyaa nama dhuunfaa (ykn, dubartii ulfaa ilaachisee, fayyaa dubartii ykn mucaa ishee garaa keessa jiruu) sanaa irraan balaa guddaa geessisu;
  - b. Hojiwwan qaamaa irratti dadhabbi qabaachuu ykn,
  - c. Qaamni ykn buusaan qaamaa kamiyyuu hojjechuu dhabuu ykn,
2. Dubartii ulfaa miixuun itti dhufe ilaachisee –
  - a. Da'umsa dura yaaddoo miidhaa tokko malee gara hospitaala biraatti erguuf yeroo ga'aan dhibuu ykn,
  - b. Jijiirraan sun fayyaa ykn nageenya dubartii ykn daa'ima garaa keessa jiruuf balaa fiduu danda'u.

**Gochoota Walitti-qabanna Addaa (ECA, Extraordinary Collection Actions)** Tarreewan gochoota walitti-qabanna, akka IRS'n ibsametti, kan dhaabbileen eegumsa fayyaa namni dhuunfaa tokko gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaaga guutuu fi dhiisuu isaa murteessuuf carraaqiwwan sababa qabeessa erga godhamee booda kaffaltii kunuunsaa argachuuf nama dhuunfaa tokko irratti fudhachuu malanidha.

**Baay'ina Maatii fi Galii Maatii:** Miseensonni maatii waggaa 18 fi isaa ol ta'an haadha/Abbaa warraa, hiriya jaalalaa mana keessa wajjiin jiraatan kan mootummaa naannoottii ibsamee fi daa'imman hirkattoota ta'an kan umuriin isaanii waggaa 21 gadi ta'e, mana kan jiraatanis ta'ee kan hin jiraanee dabalata. Miseensonni maatii namoota umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'e dhukkubsattoota, firoota kunuunsitootaa ykn daa'imman biroo umuriin isaanii waggaa 21 gadi ta'e, kan mana keessa jiraatanis ta'ee kan hin jiraanne dabalata. Galin mindaawan, kaffaltiiwan ji'aa gaditti raawwataman, soorama ji'a ji'aan baafamu, fi nagaheewwan maallaqaa gibirawan duraa kan dabalatuudha. Maddoonni galii biroon, alimony (maallaqa deeggarsaa gaa'illi diigamuu irraa ka'e kennamu), deeggarsa daa'immanii, faayidaalee veteran's, beenyaa hoji dhabdummaa, fi bu'aawwan maallaqaa dhaalaan argamu kamiyyuu kan dabalatan ta'uun danda'u.

**Qajeelfamoota/Sadarkaa Hiyyummaa Federaalaa (FPG/FPL, Federal Poverty Guidelines/Level):** Qajeelfamoota hiyyummaa Galmee Federaalaa keessatti akkaataa Qajeelcha Fayyaa fi Tajaajiloota Namaa U.S. aangoo 42 U.S.C. tiin yeroon haaromfaman.

**Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP, Financial Assistance Policy)** Imaammata hospitaalaa kan kaffaltiiwan maallaqaa irraa gatii hir'atu murteessuuf galii fi baay'ina maatii ilaalcha keessa galchu.

### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amala KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIIRRA OOLU 09 /28/2023 ]

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH** **Fuula 2, 8 keessaa**

**Sagantaa Mirkaneessa Kunuunsa Hospitaalaa (HCAP, Hospital Care Assurance Program)** HCAP mala Qajeelcha Ohio Medicaid's kan kaffaltiwwan dabalataa hospitaalota tajaajiloota beenyaa hin qabne qooda wal madaala hin taane namoota harka qalleeyyi fi inshuraansii hin qabneef kennan guutuuf barbaachisu guutuudha. Dhukkubsattooni dhibbentaa FPG 100% gadi ta'uu fi jiraataa mootummaa naannoo Ohio ta'uu qabu.

Madaala Jijiiramaa (Sliding Scale) KH: Tarree sagantaalee gargaarsa maallaqaa kan ulaagaalee gahumsaa galii fi dhibbeentaawwan hir'ina gatii kennaman waliin.

**Kunuunsa Yaalaan Barbaachisu:** Tajaajiloota hospitaalaa akka Seera Bulchiinsa Ohio (Ohio Administrative Code) Boqonaa 5160 -1 -01 keessatti ibsametti kan tajaajiloota dhukkubsattoota mana yaalaa keessa ciisanii fi mana yaalaa osoo hin ciisin kan sagantaa Medicaid jalatti haguugaman kan hammatee fi tajaajiloota haala fayyaa yaaluuf kan ibsamani fi yaala fayyaa malee fayyaa nama dhuunfaa balaa guddaa keessa kan galchu fi/ ykn hojiwwan qaamaa irratti dadhabbi guddaa ykn kutaa qaamaa irratti miidhaa hojjechuu dadhabuu cimaa fidan.

**Ulaagaan akka guutametti kan yaadamu (Presumptive Eligibility):** Adeemsa Kettering Health murtiwwan ulaagaa guutuu duraanii fi/ykn odeeoffnood maddoota kallattiin nama dhuunfaa sanaan kennname irraa kan hafe fayyadamuun Sagantaa Gargaarsa Maallaqaaf ulaagaa guutuu murteessuu danda'u.

**Gargaarsa Ummataa:** Medicaid ykn gargaarsa mootummaan maallaqaan gargaaru kan biroo

### **IMAAMMATA:**

KH dhukkubsattoota kunuunsa Hatattamaa ykn Yaala Barbaachisaa barbaadaniif kanneen ulaagaalee barbaachisan guutaan Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa imaammata kana keessatti ibsaman guutaniif kennuudhaaf waadaa galeera.

KH namni dhuunfaa sun Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa imaammata kana keessatti ibsame jalatti kunuunsaaf gargaarsa argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuu fi dhiisu isaa murteessuuf KH carraaqqiwwan haqa qabeessa ta'an osoo hin godhin dura kaffaltii kunuunsaaf ta'u argachuuf Hojiwwan Walitti Qabuu Addaa (ECA, Extraordinary Collection Activities) irratti hin hirmaatu.

Kana malees, KH gochoota namoota dhuunfaa kunuunsa yaalaa hatattamaa akka hin barbaanne abdii kutachiisan kamiyyuu ni dhorka, kanneen akka dhukkubsattooni kutaa balaa tasaa haalota yaalaa hatattamaadhaaf wal'aansa argachuuf isaanii dura akka kaffalan gaafachuu ykn hojiwwan liqaa walitti qabuu kanneen dhiyeessii kana gidduu seenan hayyamuudhaan, loogii malee, ykn yaala balaa hatattamaa eeyyamuudhan KH dandeettii kaffaltii, imaammata kana jalatti ulaagaa guutuu ykn gargaarsa mootummaa argachuuf ulaagaa guutuu qaban osoo hin ilaalin, loogii malee, kunuunsa yaalaa hatattamaa ykn kunuunsa yaalaa barbaachisaa ta'e akka imaammata kana keessatti ibsametti ni kenna.

**SAGANTAAWWAN:** KH dhukkubsattoota Kunuunsa Hatattamaa ykn Yaala Barbaachisaa ta'eef ulaagaa guutaniif tajaajiloota bilisaa ykn gatii gadi aanaa ni kenna. Sagantaawan kunneen akka armaan gadiitti:

### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amalaa KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabibilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIRRA OOLU 09 /28/2023 ]

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH** **Fuula 3, 8 keessaa**

1. **Sagantaa Mirkaneessa Kunuunsa Hospitaalaa (HCAP, Hospital Care Assurance Program).** HCAP, kan Qajeelcha Medicaid Ohio's tiin bulfamu, hospitaalota tajaajila beenyaa hin qabne qooda madaalawaa hin taane namoota harka qalleeyyi fi inshuraansii hin qabneef gargaarsa maallaqaa kenna.
2. **Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa.** Sagantaan Gargaarsa Maallaqaa KH akkaataa madaala Jijiiramaa (KH Sliding Scale) KH'tiin namoota dhuunfaa Kunuunsa Hatattamaa ykn Yaala Barbaachisaa ta'eef ulaagaa guutaniif gargaarsa ni kenna. Namoonni dhuunfaa imaammata kana jalatti gargaarsa barbaadan kan ulaagaa guutan qabeenyi qaama sadaffaa hundi erga dhumee booda qofa. Namoonni dhuunfaan gaaffilee odeeffanno KH ykn bakka bu'ota isaa eeyyammi kennameef irraa dhiyaatanifiif gamtaa'uun hoijechuutu irraa eegama. Namoonni dhuunfaan gargaarsa maallaqaatif ulaagaa guutuuf adeemsaa iyyanno Medicaid xumuruu qabu.

Namoonni inshuraansii hin qabne ykn inshuraansii gadi aanaa qaban sagantaalee gatii hir'inaan dhukkubsataa biroo Tajaajiloota Balaa hattatamaa ykn Yaala Barbaachisaa ta'eef ulaagaa guutuu danda'u. Hir'inni gatiwwan akkasii sagantaalee gatii hir'ina qaban biroo wajjin walitti hin makaman, sagantaaleen akkanaatiin ifatti yoo hayyamameef malee.

Gargaarsi maallaqaa tajaajiloota murtaa'oo ykn sagantaalee hospitaalaa gatiwwan filannoo duraan ilaalcha keessa galfaman irratti raawwatiinsa hin qabu.

### **ULAAGAALEE BARBAACHISOO:**

Namoota dhuunfaa inshuraansii hin qabnee fi inshuraansii gadi aanaa baasiwwan yaalaa ulaagaa guutuu qabnii fi kunuunsa isaaniif kaffaltii kaffaluu hin daneenyef, akkaataa imaammata kanaatiin fedhii maallaqaa murteessuu irratti hundaa'uun ni ilaalamia. Kunis haalawwan armaan gadii keessa kamiyyuu of keessatti qabchuu danda'a:

1. Namni tokko uwvisa inshuraansii qaama sadaffaa hin qabu yoo ta'e
2. Faayidaaleen Medicare ykn Medicaid dhumaniif namni dhuunfaan sun dandeettii kaffaltii dabalataa hin qabu yoo ta'e
3. Namni sun inshuraansii qabaatee, garuu ammoo inshuraansii booda haftee dhuunfaa's kaffaluuif fedhii maallaqaa irratti hundaa'uun gargaarsa argachuuf ulaagalee kan guutu yoo ta'e
4. Namni tokko ulaagaalee tola ooltummaa Sagantaa Mirkaneessa Eegumsa Fayyaa Isteeta OH (HCAP, Health Care Assurance Program) kan guutu yoo ta'e

### **ULAAGAALEE GAHUMSAA;**

Ulaagaan Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa KH sadarkaawwan galii hanga %400 FPG/FPL irratti kan hundaa'ee fi akkaataa madaala jijiiramaa (Sliding Scale) KH tiin kan madaalamu ta'a. Dabalataanis, KH qabeenyoota maatii's fayyadamuu namni dhuunfaan tokko ulaagaa gahumsaa gargaarsa maallaqaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuu ni danda'a.

1. Galii. Galii kan mirkanaa'u ibsawwan maallaqaa dhuunfaa fayyadamuu ykn garagalchawwan iyyataa's isa dhiyoo Unka W2, ibsawwan baankii Unka 1040 ykn unka sanada galii biroo kamiyyuu argachuudhaan ta'a. Galii maatii afaaniin ibsuu fi beekamtiif kennunis Gargaarsa Maallaqaa KH – Bu'uraa argachuuf ulaagaa guutuuf ragaa fudhatama qabu ta'uu ni danda'a.
2. Qabeenya. Haalonni namoonni dhuunfaan galii gabaasu dhiisuu danda'an, garuu ammoo qabeenya guddaa tajaajiloota eegumsa fayyaa kaffaluu isaan daneessisu qaban jiraachuu jiraachuu malu. KH qabeenyoota kamiyyuu gara maallaqaatti jijiiramuu danda'anii fi baasiwwan jireenya guyyaa guyyaa baay'ee barbaachisoo dhukkubsataa'f tiif hin barbaachifne jedhamee ramadamee kamiyyuu madaaluu fi ragaa barreeffamaa gaafachuu ni danda'a.

### **DHIHEESSITOOTA ULAAGAA GUUTAN;**

#### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amalaa KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabibile KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIIRRA OOLU 09 /28/2023 ]

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH**

### **Fuula 4, 8 keessaa**

Imaammanni kun kaffaltiiwan KH ulaagaa guutaan qofa ilaallata. Dhukkubsattooni KH gareewwan ogeessota fayyaa dhuunfaa ykn dhiyeessitoota qaama sadaffaa birootiinis ilaalamuu danda'u. Dhaabbileen eegumsa fayyaa dhiyeessan kunneen imaammata kanaan kan hin haguugaman, akkasumas Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa KH's irratti hin hirmaatan; haa ta'u malee, dhiyeessitootni kunniin sagantaa gargaarsa maallaqaa mataa isaanii qabaachuu danda'u.

Tarreen dhiyeessitoota hirmaataniifi hin hirmaannee sanada addaa kan kurmaana kurmaanaan haarmfamu irratti kan qabamu yoo ta'u, imaammata kana irrattis hin dabalamu. Namoonni dhuunfaan tarree kana, kaffaltii malee, marsariitii KH's, [www.ketteringhealth.org/financial](http://www.ketteringhealth.org/financial) ykn Tajaajila Maamiltoota KH (866)-319- 2981 irraa ilaaluudhaan argachuu ni danda'u.

#### **ADEEMSA IYYANNOO:**

Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa KH dhaaf iyyachuuf, namoonni dhuunfaa akka barbaadametti fi/ykn gaafatametti sanadoota deeggarsaa dabalatee iytya **guutame**, qaamaan, poostaadhaan ykn karaa elektiroonikaawaadhaan dhiyeessu qabu.

1. Unkaan gargaarsa maallaqaa qajeelchawwan balaa tasaa fi iddoowwan galme hospitalichaa fi marsariitii KH [www.ketteringhealth.org/financial](http://www.ketteringhealth.org/financial) irratti ni argama. Namoonni dhuunfaan gorsaa maallaqaa [financialcounselors@ketteringhealth.org](mailto:financialcounselors@ketteringhealth.org) irratti quunnamuudhaan iyyata kana karaa poostaa ykn imeeliitiinis gaafachuu ni danda'u.
2. Unki iyyanno guutame akka barbaachisummaa isaatti nama dhuunfaa sana ykn bakka bu'aa isaa/ishee hayyameen mallattaa'uu qaba. Unka iyyanno guutuu irratti dabaluun, namoonni dhuunfaan sanadoota armaan gadii dhiyeessuu qabu, garuu kanneeniin hin daangeffamu:
  - a. Ragaa galii iyyataa (fi haadha/abbaa warraa, yoo kan ilaallatu ta'e) kan akka waraqaawwan kaffaltii, waraqaawwan kaffaltii hoji dhabdummaa ykn odeeaffannoo biroo akkaataa dhukkubsattooni yeroo ammaa maallaqaan of gargaaraa jiranii
  - b. Ibsawan baankii (Bank statements)
  - c. Ibsa gibiraa
  - d. Sanada qabeenyotaa
3. Iyyanni gargaarsa maallaqaa ibsa kaffaltii mana yaalaatti ba'u boodaa gadi lakkifamu (discharge billing statement) isa jalqabaa booda hanga guyyoota 240'tti ilaalcha keessa gala.
4. KH'n akka haala addaatti, namni dhuunfaan tokko murtii ulaagaa guutuu deeggaruuf sanada gahaa dhiyeessuu yoo hin dandeneye, ulaagaa yeroo ammaa murteessuuf ulaagaa gargaarsa maallaqaa kanaan dura murtaa'e akka bu'uuraatti fayyadamu ni danda'a. Dabalataanis, iyyanni maallaqaa guyyaa dhumaan iyyanni itti ragga'e booda hanga ji'a jaha (6) tti seera qabeessa ta'ee fudhatama.
5. KH akkaataa madaala Jijiiramaa (Sliding Scale) KH'tiin dhibbeentaawwan hir'ina gatii sirrii ta'e argachuu ulagaan murteessuuf iyyataa fi sanadoota deeggarsaa fudhataman ni madaala.

**IYYANNOOWWAN SAGANTAA GARGAARSA MAALLAQAA GUUTUU:** Yoo namni dhuunfaa tokko iyyataa yeroo iyyataatti guutame galche, KH kan armaan gadii taasisa:

1. Kaffaltii kunuunsaa argachuu ECA'wwan kamyuu dhoowwuu,
2. Gargaarsa maallaqaa argachuu ulagaan guutuu nama dhuunfaa's kamyuu yeroodhaan murtii kennitanii galmeessuun yoo barbaachisaa ta'e gargaarsa namni dhuunfaan sun ulagaan guutuu qabuu fi bu'uura murtii kanaaf ta'u dabalatee murtee ulagaan guutuu isaa barreeffamaan beeksisa.
3. KH'n namni dhuunfaa tokko kunuunsaa ulagaan FAP ta'u isaa yoo murteesse, Ulaagaan akka guutameetti yaadame (Presumptive Eligibility) dabalatee, KH kanneen armaan gadii ni raawwata:

#### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amalaa KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keeterring'f dhimma itti ba'a.

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH**

### **Fuula 5, 8 keessaa**

- a. Nama dhuunfaa sanaaf ibsa kaffaltii fi xalayaa (maallaqa hafuu \$0 hin barbaachisu) kan namni dhuunfaa akka nama dhuunfaa ulaagaa FAP guutuutti kunuunsaaf hamma liqii qabuu fi akkaataa maallaqni sun itti murtaa'ee fi namni dhuunfaa tokko odeeffannoo AGB kunuunsaaf ta'u akkamitti argachuu akka danda'u kan agarsiisuu ykn ibsu kennuu
- b. Maallaqa hafuu biroon gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa hin guunne yoo hin kaffalamiin kaffaltiwwan dabalataa nama dhuunfaaf deebisaa
- c. Kaffaltii kunuunsaargachuuf ECA kamiyyuu (gurgurtaa liqaa irraa kan hafe) nama dhuunfaa irratti fudhatamu duubatti deebisuu tarkaanfiiwwan haqa qabeessa ta'an hunda fudhadhaa

#### **ULAAGAA AKKA GUUTAMEETTI YAADAME (PRESUMPTIVE ELIGIBILITY):**

Namoonni dhuunfaan iyyata guutame galmees irratti osoo hin qabaatin Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa KH argachuuf ulaagaa guutuu ni danda'u. KH haalawwan jirenya dhuunfaa adda addaa kanneen tarree armaan gadii akka bu'uura ulaagaan akka guutameetti yaadame of keessatti hammate, garuu kanneen kanaan hin daangeffamne fayyadamu ni danda'a.

1. Bakkee jirenyaa dhabuu ykn kilinika namoota bakkee jirenyaa hin qabne irraa kunuunsa argame.
2. Nama dhuunfaa qabeenya hin beekamne malee du'e.
3. Nama dhuunfaa hidhame.
4. Nama dhuunfaa ulaagaa Medicaid uutu, garuu guyyaa tajaajilaa irratti miti.

KH qabxii qaama sadaffaa fayyadamuun namoonni dhuunfaan gargaarsa maallaqaa jedhamee tilmaamameef ulaagaa guutuu isaanii murteessuu ni danda'a. Namoonni dhuunfaan Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa KH jalatti gargaarsa guddaa gadi argachuuf ulaagaa ni guutuu jedhamamanii yaadaman odeeffannoo dabalataa imaammata kana keessatti ibsame gamaaggama dabalataaf dhiyeessu ni danda'u.

#### **MAADALA JIJJIRAMAA (SLIDING SCALE) KH:**

SAGANTAA	% FPL	HIR'INA GATII
HCAP	0% - 100%	100%
Gargaarsa Maallaqaa – DheeraaTE	0% - 250%	100%
Gargaarsa Maallaqaa –Bu'uuraa	251% - 400%	80%

KH namoota dhuunfaa ulaagaa FAP guutaniif AGB hundeffamaa imaammata kana keessatti ibsame caalaa Tajaajiloota Balaa Tasaa ykn Yaala Barbaachisaa ta'eef hin kaffalchiisu.

#### **MAALLAQAA WALIIGALAA AKKA KAFFALAMUUF GAAFATAME (AGB, AMOUNT GENERALLY BILLED):**

KH mala "look-back" fayyadamuun AGB murteessa. Akkaataa Seera §1.501(r)- 5(b)(3)(i) tiin, KH dhibbeentaa AGB isaa kaffaltii tajaajilaa Medicare fi namoota inshuraansii fayyaa dhuunfaa hunda kan himannaa KH kaffaluuf ni shallaga. Dhibbeentaa AGB kan shallagamu ida'ama gaaffiilee hunda namoota inshuraansiiwwan dhuunfaa kaffalaniin hayyamame (faayidaa Medicare) fi Medicare (Aadaa) ida'ama kaffaltiwwan waliigalaa gaaffiilee tajaajiloota guyyaa gadhiifamuu qabu waliin walqabatee yeroo ji'oota 12 - darbe irraa hiruudhani.

Tokkoon tokkoon hospitaalaa waliigaltee dhiyeessaa Medicare walfakkaataa jalatti AGB mataa isaa kophatti shallaga, haa ta'u malee, KH dhibbeentaa AGB hir'ina gatii baay'ee guddaa argamsiise irratti hundaa'uun KH hundaaft hir'ina gatii walfakkaatu fayyadama.

#### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amala KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH**

### **Fuula 6, 8 keessaa**

#### **TARKAANFII KAFFALTII KAFFALUU DADHABUUN DURA ULAAGAA GARGAARSA MAALLAQAA IRRATTI MURTEESSUU:**

KH namni dhuunfaan tokko imaammata jalatti yeroo seensa ykn tajaajila kennuu ykn isaan dura gargaarsa argachuuf ulaagaa guutuuf dhiisuu isaa murteessuuf carraaqiwwan madaalawaa ni taasisa. Namni dhuunfaan tokko gadhiifamuu ykn tajaajila kennamuuf dura gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutuun isaa yoo hin murtoofne, KH kunuunsaaf gaaffii kaffaltii ni erga.

Yoo namni dhuunfaa tokko inshuraansii qabaate, KH dhiyeessaa(wwan) inshuraansii nama dhuunfaa's galmees irratti kaffaltii ni gaafata. Kaffaltiin ykn deebei dhiyeessaa(wwan) inshuraansii dhuunfaa's irraa yeroo kennamu, itti gaafatamummaa hayyamamaan dhukkubsataa hafe kamiyyuu kallattiin namni dhuunfaan sun akka kaffaluuf itti ergama. Haala namni dhuunfaan tokko inshuraansii isaaaf odeeefannoo dabalataa kennuu waan qabuuf kaffaltiin inshuraansii gaafatame tokko dhaabbate keessatti, gaaffii kaffaltii kallattiin nama dhuunfaa sanatti akka kaffaluuf itti ergama.

Yoo namni dhuunfaan tokko inshuraansii kan hin qabaanne ta'e, KH gaaffii kaffaltii nama dhuunfaa sanatti akka kaffaluuf itti ergamu.

#### **IBSA GAAFFII KAFFALTII (BILLING STATEMENT):**

1. Namoonni dhuunfaan ibsawan walduraa duubaan hanga sadarkaawan ibsa afuritti mala dhukkubsataa's filateen karaa poostaa teessoo galmees irra jiruu ykn karaa elektiroonikaawaa taa'een argatu. Herregawan maallaqa hafoo hin kaffalamiin qaban qofatu ibsa kaffaltii argata. Bakka bu'oonee KH fi/ykn ergamtooni hayyamaman yeroo marsaa gaaffii kaffaltiit namoota dhuunfaa quunnamuu yaaluu ni danda'u, kunis galmees herrega dhuunfaa's irratti galmaa'a.
2. Ibsawan gaaffii kaffaltii odeeefannoo armaan gadii hammatu turan:
  - a. Guyyaa(wwan) tajaajilaa(ootaa)
  - b. Ibsa gabaabaa tajaajila(ootaa)
  - c. Tajaajila(oota) kennameef kaffaltii namarra jiru
  - d. Odeeefannoo quunnamtii gaaffilee fi falmiwwan gaaffii kaffaltii furuuf
  - e. Odeeefannoo quunnamtii waa'ee Gargaarsa Maallaqaa ittiin gaafatan
3. Ibsi gaaffii kaffaltii kun tajaajiloota dhaabbilee hospitaalaa Garee Yaala Fayyaa Kettering(KHMG, Health Medical Group Kettering) fi KH qofa kan hammatedha. Ibsoonni Tajaajiloota Geejjibaa Kettering, ogeeyyi fayyaa KHMG hin ta'in ykn dhaabbilee KH hin ta'in biroon kunuunsa keessatti hirmaatan adda baafamanii kophatti ergamu. Ibsawan dabalataa kanneenif gargaarsa argachuuf waajjira ykn dhaabbata hakiima's kallattiin quunnamaa.

#### **TARKAANFIWWAN YEROO KAFFALTIIN HIN KAFFALAMNE FUDHATAMAN:**

KH namni dhuunfaan tokko ECA'wwan irratti osoo hin hirmaatin dura gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutuuf fi dhiisuu isaa murteessuuf carraaqiwwan madaalawaa ni taasisa. KH ykn ergamtooni/bakka bu'oonee isaa eeyyama qaban guyyaa KH ibsa kaffaltii gadhiifamuu boodaa jalqabaa kenne irraa eegalee yoo xiqaate guyyoota 120'f ECA'wwan kamiyyuu hin jalqaban. ECA'wwan kamiyyuu osoo hin jalqabamin dura dursee hayyamni argamu qaba. KH'n ECA irratti hirmaachuu yoo raggaasise, ECA'wwan kamiyyuu osoo hin jalqabamin dura, KH ykn bakka bu'an isaa eeyyama qabu:

1. Nama dhuunfaa sanaaf beeksisa barreffamaa kenna, kunis:
  - a. Namoota dhuunfaa ulaagaa guutaniif gargaarsi maallaqaa akka jiru agarsiisa
  - b. ECA(wwan) KH ykn ergamtooni/bakka bu'oonee isaa eeyyama qaban kunuunsaaf kaffaltii argachuuf jecha jalqabuuf yaadan adda baasa,
  - c. Yeroo xumuraa ECA(wwan) akkanaa itti jalqabamuu danda'an booda kan guyyaa beeksifni barreffamaan kennname booda guyyoota 30 dura hin taane ibsa
2. Nama dhuunfaa sanaaf Goolaba Afaan Salphaa (PLS, Plain Language Summary) KH FAP kennuu.

#### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amalaa KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Iddowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIRRA OOLU 09 /28/2023 ]

## **GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH** **Fuula 7, 8 keessaa**

3. Waa'ee KH FAP fi akkaataa namni dhuunfaa adeemsaa iyyannoo irratti gargaarsa argachuu danda'u nama dhuunfaa sana afaaaniin beeksisuuf carraaqqii madaalawaa gochuu.

### **GAMAAGGAMUU FI RAGGAASISUU:**

Itti aanaan Pirezidaantii Marsaa Galii kan KH ykn Hogganaa Olaanaan Tajaajila Maallaqaa Dhukkubsattootaa ECA'wwan kamyuu osoo hin jalqabin dura namni dhuunfaan tokko imaammata kanaan gargaarsa argachuuf ulaagaa guutuufi dhiisuu isaa madaaluuf tattaaffiwwan madaalawaan taasifamuu isaanii gamaaggamuu fi murteessuuf aangoo qaba.

### **TARKAANFIWWAN IMAAMMATA GARGAARSA MAALLAQAA BAL'INAAN BEEKSISUUF OOLAN:**

KH FAP, unki iyyannoo gargaarsa maallaqaa fi PLS KAN KH FAP (walumaagalatti Sanadoota FAP) ifoomfamoodha, akkasumas hawaasa marsariittii isaa irratti tajaajilamaaniif, [www.ketteringhealth.org/financial](http://www.ketteringhealth.org/financial), fi qajeelchawwan yeroo hatattamaa fi iddoowwan galmee KH hunda irratti yeroo gaafatamanitti bal'inaan kan dhiyaatanidha.

Mallattoon KH kan dhukkubsattootaf KH gargaarsa maallaqaa akka dhiyeessu, waa'ee sagantichaa, adeemsaa iyyannoo, irratti odeeefanno dabalaataa akkamitti ykn eessaa akka argatanii fi akkaataa garagalchawwan Sanadoota FAP itti argatan dabalatee gargaarsa maallaqaa akka kenuu kan beeksisu fi himu, yoo xiqaate kutaa balaa tasaa fi iddoowwan seensaa dabalatee iddoowwan uummanni itti baay'atutti dhaabbilee KH keessatti haala mul'atuun ni agarsiifama.

KH akka qaama adeemsaa fudhanna tokkootti garagalcha waraqa PLN kan KH FAP dhukkubsattootaaf dhiyeessa.

Namoonni dhuunfaan gorsaa maallaqaa [financialcounselors@ketteringhealth.org](mailto:financialcounselors@ketteringhealth.org) irratti qunnamuudhaan, garagalchawwan Sanadoota FAP kamyuu bilisaan gaafachuu ni danda'u.

Akkasumas KH'n Sanadoota FAP gara Afaanota Ingilizii Hin Taane 15 Ol'aanoo Ohio keessatti argamanitti Giddu-gala Tajaajiloota Medicare fi Medicaid (CMS) irraa kennamanitti hiikuudhaan uummata biroo dandeettii Afaan Ingilizii murtawaa qaban keessummeessa.

### **ODEEFFANNOO;**

Imaammata, iyyannoowwan ykn sagantaalee kaffaltii jiran ilaachisee gaaffilee ykn yaaddoowwan yoo qabaattan, maaloo bakka itti beellamantanitti ykn kunuunsa argattanitti lakkofsa armaan gadii irratti ykn Tajaajila Maamilaa KH (866 )-319 -2981 irratti bilbilaa.

<b>DHAABBILE E</b>	<b>QUBSUMA</b>	<b>LAKKOOF SA BILBILAA</b>
Kettering Health Behavioral Medical Center A Service of Kettering Health Miamisburg	5350 Lamme Rd Moraine, OH 45439	937-384-8774
Kettering Health Dayton	405 West Grand Ave Dayton, OH 45405	937-723-3237
Kettering Health Greene Memorial	1161 North Monroe Dr Xenia, OH 45385	937-352-2201
Kettering Health Hamilton	630 Eaton Ave Hamilton, OH 45013	513-867-2301

### **Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amala KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Idooowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Networkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIIRRA OOLU 09 /28/2023 ]

**GARGAARSA MAALLAQAA PF-KH**  
**Fuula 8, 8 keessaa**

Moora Muummee Kettering Health	3535 Southern Blvd Kettering, OH 45429	935-395-8880
Kettering Health Miamisburg	4000 Miamisburg Centerville Rd Miamisburg, OH 45342	937-384-8774
Kettering Health Troy	600 West Main St Troy, OH 45373	937-980-7001
Kettering Health Washington Township	1997 Miamisburg Centerville Rd, Washington Township, OH 45459	937-401-6215
Soin Medical Center – Kettering Health	3535 Pentagon Blvd Beavercreek, OH 45431	937-702-4875

QAJEEELCHA GARGAARSA MAALLAQAA:

Marsaa Galii Cimdaa (Network  
Revenue Cycle)

QAJEELFAMOOTA MIIDHAAN IRRA GAHE:

Qajeelfamoota Hospitaala KH  
hunda

GUYYAA EEGALAME;

10/3/17

**Imaammata Guutummaa Dhaabbata Kettering Health (KH)**

KH imaammata kana KH Main, KH Miamisburg, KH Behavioral Medical Center (Giddu-gala Yaalii Amala KH), KH Dayton, KH Washington Township, KH Greene Memorial, Soin Medical Center (Giddu-Gala Yaalii Soin), KH Hamilton, KH Troy, KH Medical Group (Garee Yaalii KH), Tajaajiloota Geejjibaa KH, Iddoowwan naannoodhan alaa kan hospitaala hundaafi dhaabbilee KH, KH Senior Living, fi Tajaajiloota Neetworkii Keettering'f dhimma itti ba'a.

[Saxaxa ifa keessatti mul'atu: GUYYAA HOJIIRRA OOLU 09 /28/2023 ]